



Full Length Research Paper

Nagaa Booranaa: Xiinxala akkaataa Hawaasni Booranaa Nagaa itti Hubatu

Daani'eel Bal'is¹*fi Taaddesee Jaallataa²

¹ Yuunivarsitii Haramayaatti barsiisaa Afaan Oromoofi Yuunivarsiitii Addis Ababaatti barataa Afaaniifi Fookloorii Oromoo, Email: yaadinaa@gmail.com

²Yuunivarsiitii Addis Ababaatti barsiisaa Koollejji barnootaa, Email: tadesse.jaleta2016@gmail.com

Submission Date: February 14, 2024

Acceptance Date: June 02, 2024

Axareeraa

Hojiileen dhimma nagaa irratti gaggeeffaman, qabiyyee bu'uura godhatanii dhihaatan irraa kan madde ibsaafi yaadrimee nagaa ogeeyyii walitti fidu kaa'uu hindandeenye. Kanarraa kan ka'e, tooftaa hanqinni kun itti guutamu sakatta'uu keessatti, jireenya qabatamaa hawaasaa bu'uura godhachuun murteessaa akka ta'eti dhihaate. Qorannoo kanaan, Oromoo Booranaa irratti xiyyeeffachuun, ogafaaniifi duudhaalee Booranni jireenya guyya-guyyaa keessatti calaqqisiisuun hubannoo nagaa isaa xiinxaluun kaayyoo ijoodha. Hojiin kun gosa qorannoo akkamtaa ta'ee, maleenyaa sanyaabaan gaggeeffame. Malleen ragaa maddisiisuu daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannooti hojiirra oole. Ragaaleen maddan, yaadrimee 'fookiloorii dachaa' keessaan xiinxalamani. Kunis, jechi nagaa jedhu caacuu fookloorii ta'ee caacuu biraan ammoo ibsi itti kenname. Haala kanaan, yaadrimeen nagaa Booranaa yayyaba irraa eegalee hanga jireenya guyya-guyyaa keessatti hojiirra oolutti wal qabatee deemuun hiika guutuu dabarsa. Jechi nagaa jedhu yaadrimee bal'aa sonoota qabatamoofi killayyaa of keessaa qabudha. Jalqaba namni jecha nagaa jedhuufi sonoota jireenyi akka itti fufu gargaaran walabaan Waaqa irraa argate. Kun ammoo, kaattoo/dulloomanii du'uus sona nagaa taasisuuni. Nagaa waarawaaf, namni waan argate jabeffachuufi hariiroo wal hubannaa Waaqa, nama akka isaafi uumama kaan faana qabaachuuti irraa eegama. Gaaleen 'nagaa Booranaa' jedhus, bak-bu'ee adeemsa jireenya keessa jiru ibsuuf tajaajila. Walumaagalatti, Booranni hawaasa beekmtaa nagaa irratti hubannoo ifa ta'e qabuufi ittiin jiraatudha. Kanaafuu, dhimma nagaan wal qabatee ibsaafi yaadrimee waalta'aatti dhufiuf jireenya qabatamaa hawaasaa irratti xiyyeeffachuun furmaata akka ta'e yaada hojii kanaati.

Jechoota Ijoo: Boorana, Fookloorii dachaa, beekmtaa, nagaa Booranaa, yaadrimee nagaa

Peace of Boorana: An Analysis of Boorana Society's Understanding of Peace

Abstract

Works on peace issues has not been able to establish a definition and concept of peace that brings experts together. Consequently, basing on the actual life of the community was taken as a decisive to fill the gap. Focusing on Boorana Oromoo, the main objective of this research is to analyze Boorana's understanding of peace as reflected in its everyday life orality and customs. This is a qualitative research and has employed ethnographic methodology specifically using observation, interview and focused group discussion for data generation. The data analysis was undertaken from the perspective of 'metafolklore', in which the word peace by itself is element of folklore and explained through other folklore element. Thus, Boorana's understanding and definition of peace begins from its inception to its practical implementation. The word peace is a broad concept with concrete and abstract values. It was emerged and its values were freely given to man by God with the boundary of death after getting old age. This means, life and death are equally value of peace. To build a perpetual peace, managing what is provided and maintaining mutual relation in between God, fellow human being and other nature is the responsibility of human being. The phrase 'peace of Boorana' is a symbol uses to express all processes in a life. In general, Boorana is an indigenous society with a society with a clear understanding of peace. Therefore, it is the recommendation of this work that focusing on the real life of the society is the solution to come to a common definition and concept of peace.

Keywords: *Boorana, metafolklore, indigenous, nagaa Booranaa, concept of peace*

1. Seensa

Yaadrimeen nagaa hawaasa kamuu keessa akka jiruufi innis umrii dhala namaa faana akka wal qabatu (Raaflaub, 2007) eera. Haata'umalee, ogeeyyiin nagaa caalaa waraana irratti waan xiyyeef-fataniif, dhimma nagaa irratti waan hojjetame argachuun rakkisaa akka ta'e qeeqa qabu kaa'e. Waggoota digdamaan duratti nagaan qabiyyee qorannoon bal'inaan irratti gaggeeffamu hinturre jechuun (Smoker, 1981) yoo ibsu, Jarstad et al. (2019) hanga ammaattuu nagaan yaadrimaa'ee akka hindhihaanne falmu. Rakkoon kun keessattuu hawaasa beekmtaaa irratti akka hammaatu (Debelo & Jirata, 2018; Dewo, 2008) kan qoodan, hawaasa beekmtaaa ilaalcha addunyaa isaa afaaniifi raawwiin malee barreeffamaan dhaloota hindhaalchifneef xiyyeeffannoon akka kennamu quba qabsiisani. Hojiileen hanga ammaatti jiran nagaa irratti bifa gara garaan dhihaachaa turaniiru.

Qorannoowwan jalqabaa Waraana Addunyaa hordofuun kan dhufan ta'ani ibsaafi yaadrimee nagaa kaa'uu irratti akka xiyyeeffatan (Matsuo, 2007) ibsa. Ibsiifi yaadrimeen nagaa jalqabaa gama fafee (negative) fi sona (value) qeenxee faallaa waraanaa/hookkarsaa taasisuun (Galtung, 1964) kan kaa'edha. Akka yaada Galtung-tti, hubannoon jiru nagaan hariiroo nama gidduu jirutti akka daanga'eefi innis, namni jireenya waraanaafi hookkarsa irraa walaba ta'een yoo walitti dhufee waliin jiraata ta'e *nagaa jedhama*. Ogeessi kun hojii isaa biraan Galtung (1981) addunyaa bakka lamatti qooduun, hubannoon nagaa Biyyoota Lixaa hammataa, (Oxident) kanneen biroo dhimma dhuunfaa isaanii qofa irratti akka xiyyeeffatan (Orient) jedhee goolabe. Anderson (2004) ammoo, faallaa yaada kanaa kan ta'e, biyyoonni Bahaa jiraachuu waan sirriin (positive) yaadrimee nagaa akka kaa'an ibse. Hubannoo kanneen yaadrimee nagaa waalta'aatti dhufuun gonkumaa akka hindanda'amne muuxannoo hawaasa Jaappaan fudhachuun (Matsuo, 2007) morme. Tumsituu inni irratti hundaa'ee falmes, yaadrimeen nagaa sona hedduun akka dhihaatu eeruuni. Ammayyu, nagaa sona qeenxeen ibsuufi innis akka hawaasa addunyaa bakka bu'utti

dhiheessuun itti fufee akka jiru (Scholten, 2020) qoode. Kana jechuun, ‘qiyaasni tokkichi hundaaf ta’a (one-size-fits-all)’ jedhu hojiirra oolchuuf yaaluu akka ta’e (Chowdhury, 2014) hima.

Addunyaa garaa garummaa ilaalchaan guutamteefi gareen hundi akkaataa hubannoo mataa isaan yaadrimee mataa isaa akka calaqqisiisu (Chowdhury, 2014) yoo eeru, Matsuo (2007) gama isaan, yaadrimeen nagaa waan hawaasichi gatii kennee jireenya isaa itti gaggeeffatu keessaa akka ba’u ibse. Hubannoo uummatni Oromoo qabu Waaqa bu’uura godhatee akka ibsamu (Debelo & Jirata, 2018; Bulcha, 2011; Dewo, 2008) yaada wal deeggaru kaasani. Sadarkaa garee hawaasaatti kan hojjete Baxter (1965), gaaleen ‘nagaa Booranaa’ jedhu ulfoo (sacred) fi jiruufi jireenyi Booranaa kan keessatti ibsamu ta’uu qoode. “Nagaa Boorana refers to the orderly running of all relations, interactions and the non-violent settlement of disputes and conflict,” (Nagawo, 2017:33) jechuun daangaan hubannoo nagaa bal’aa ta’uu ise. Kunneen ammoo, nagaan faallaa waraanaa qofaan akka hinibsamne agarsiisa. Hubannoon jiru ba’ee kan mula’tu sirba, mammaaksa, eebba, faaruu, sirna, seenessa, dubbii, seenaa, durii-durii himaniifi raawwilee bulchiinsaa keessaan akka ta’an (Dewo, 2008) tarreesse. Akkasumas, Tolesa (1994) geerarsa, Aguilar (2008) nagaa wal gaafannaafi haas-barruuwwan keessaanis hubannoo nagaa kan dabarsan jechuun kaasani. Yaadni kun kallattii fooklooriin haqa jiru ta’us, amala gosa barnoota isaanii irraa kan ka’e, qabiyyeewwan eeran kanneen qaama xiinxala isaanii taasisuun nagaa yaadrimeessuuf hintajaajilanne.

Booranni jiruuf jireenyi isaa akka itti fufuuf hariiroo namni nama akka isaa, Waaqaafi uumama kaan faana qabuun akka ibsu maddeen bal’inaan kaasaniiiru. Kanneen keessaa, “Waaqa has placed everything in a well-balanced order,” (Nagawo, 2017:33) yaada jedhuun, yayyabi jireenyaa kenna Waaqa akka ta’e ibsa. Haata’umalee, “For the Oromo peace is not given, instead it is achieved through persistent efforts,” (Dewo, 2008:140) yaadni jedhuufi hojiin Debelo & Jirata (2018), ‘Peace is not a free gift’ irratti dhihaate, bu’uurri yaadrimee nagaa Waaqa ta’uu kan kaasana wal qabsiisanii hinibsiine. Yaadonni kun, namni jireenya isaaf waan har’a raawwatu irratti malee bu’uurri raawwii har’aa maal irraa akka madde giddu-gala marii hintaasifne. Maddi beekumsaafi ilaalcha addunyaa hawaasaa kan ba’u, raagamtaa hawaasichi himu keessaa akka ta’e (Megerssa, 1993; Megerssa & Kassam, 2019) kaasani. Kanaafuu, hubannoo hawaasni jireenya isaa har’a itti adeemsifatu xiinxaluuf yayyaba hubannoon kun irratti hundaa’e waliin walitti hidhuu barbaada. Kanaafuu, hanqina ilaalcha addunyaa qabatamaan yaadrimee nagaa ifa ta’e kaa’uu irratti mudate furuu keessatti qooda fudhachuuf, hojii kanaan kaayyoo gooroo ‘ogafaaniifi duudhaalee Booranni jireenya guyya-guyyaa keessatti calaqqisiisuun hubannoo nagaa isaa xiinxaluu’ jedhu galma ga’uuf karoorfame.

2. Haala Jireenyaafi Aadaa Booranaa

Booranni hawaasa damee Oromoo horsiisee bulaa kibba Itiyooophiyaafi kaaba Keeniyaa keessa jiraatudha (Baxter, 1965). Hojiilee yeroo dhihoon, dinagdeen Booranaa horii horsiisuu qofa akka hintaaneefi qonna dabalachuu (Nagawo, 2015; Oba-Smidt, 2012) kaa’aniiru. Lafa Booranni irra jiraatu bal’inaan gammoojjii (bakka hanqinni bishaanii hammaataa jiru) yoo ta’u, waggaa tokko keessatti waqtiilee afur akka qabuufi isaanis Ganna, Bona Adoolessaa, Hagayyaafi Bona Hagayyaa akka jedhamaniifi kana keessatti yeroo lama rooba akka argatu, innis ‘Gannaafi Hagaya’ akka ta’e (Gobessa, 2020) eera. Hanqina bishaaniifi margaa jiru keessatti akkaataa qubsumaan: madda, reera, ardaafi dheedatti hawaasa qindaa’ee qusannoon tajaajilamaa jireenya isaa itti fufsiifatu ta’uu (Bassi, 2005) ibsa. Hariiroo hawaasummaaf Booranni Sabboofi Goonatti qooduun kanneen jalatti gosa, mana, balbala, miiloofi warra jedhee akkaataa dhalootaan akka qabu (Nagawo, 2015; Bassi, 2005) kaa’ani. Akkasumas, warra gadaafi qaalluu jedhee ittiin oogganamuun jiruufi jireenya isaa gaggeeffatu (Asmarom, 1973) bal’inaan addeesseera.

Oromoon gadaan akka beekamu eeruun, kanaanis Itiyoophiyaa keessaa hawaasa hawwataa akka ta'e (Selingman, 1957) ibse. Dhiibbaalee gara garaan gosni Oromoo hedduun gadaan buluu akka dhiise (Bartels, 1983) eerus, Booranni ammoo hanga ammaatti itti jichee jiraachaa jira. Gadaan kara Booranni waa itti dubbatuufi addunyaa itti hubatu, akkasumas shoora achi keessatti qabu ittiin agarsiisu ta'uu (Baxter, 1978:153) ibseera. Gadaafi hariyyaan qindaa'ina hawaasaa Booranni qabu, dhiibbaalee keessaafi alaa itti dhufan kan ittiin eeguufi ofirraa qolatu ta'uu (Legesse, 1973; Assebe, 2019; Baxter, 1978; 1979) ibsaniiru. Kunneen, qindaa'ina hubachuuf wal xaxaafi ulfaataa akka qabu eeruun, kun ammoo qalbii imaltootaafi sanyaabsitoota akka ofitti harkisu gargaaruu (Baxter, 1978) hima. Jalqaba irraa, falaasamni jireenyaa Afrikaa hariiroo Waaqa, namaafi uumama kaanii gidduutii akka ba'u (Mbiti, 1970) kan dhiheesse faana hubannoo wal fakkaataa dabarsa.

Booranni adeemsa jireenya isaa itti gaggeeffatu keessatti jiloota sadarkaa gara garaatti raawwatu qaba. Jilli dhuunfaan eegalee akka Boorana guutuufi gosa Oromoo kaan, akkasumas saboota ollaa jiran kan hirmaachisu *muuda* qabaachuu (Legesse, 1973; 2000; Bulcha, 2011) kaa'aniiru. Raawwileen kun hundi yaadrimee nagaan Booranaa eeguuf akka ta'e (Baxter, 1965) ibse. Nagaan Booranaa kan jedhu, haala gosti Booranaa ittiin waliin jiraatuufi hawaasaa ollaa jiran faana aadaa waliin jireenyaa qabaatu kan hammate ta'uu (Ta'a, 2016) ibse. Akkasumas, gaaleen kun kan afaan Booranaa irraa hinbuuneefi ogafaaniifi duudhaalee gara garaa keessatti kan dhihaachaa oolu ta'uu (Aguilar, 2008; Baxrer, 1965) eeraniiru. Faayidaa nagaan wal qabsiisee Verharen (2008), qabiyyee humna qabeessaafi dhaloonni akka itti fufu taasisu ta'uu hima. Kanaafuu, Booranni dhimma jireenya isaaf murteessaa irratti qoratamuu qabuufi ragaa qabatamaa gama fooklooriin ilaacha addunyaa isaa ibsuun danda'u hawaasa qabudha.

3. Malleen Qorannichaa

Kaayyoo hojii kanaa galmaan ga'uuf malleen qorannoo ragaan akka maddu, akkasumas ragaa madde xiinxaluuf gargaaran hojiirra oolaniiru. Hojiin kun, hubannoofi muuxannoo qabatamaa hawaasaa keessatti duudhaalee sona nagaan baatan maddisiisuuf gosa qorannoo akkamtaati filatame. Amala qorannoo akkamtaa yoomessa qabatamaa keessatti, "...*relativist orientation, a constructivist ontology and an interpretivist epistemology*," (Sarantakos, 2013:36) hubannoo jedhuti hojiirra oole. Kun ammoo, qorataan si'aayinaan dirree qorannoo irratti argamuun ragaa kallattii gara garaa irraa dhufaniin deeggaree qabiyyee gabbisee akka dhiheessu dirqisiisuu (Neuman, 2007) kan ibse bu'uura taasifame. Qorannoon akkamtaa ragaa lafaa (soft data), kanneen akka jecha, hima, bak-bu'eewwaniifi kkf (Neuman, 2007); fi seenessoota (Silverman & Marvasti, 2008) tajaajilamuun, ilaalcha addunyaa hawaasaa qabatamaa baasuuf akka dandeessisu qoodaniiru. Ragaan hojii kanaa kan funaaname hojii dirree 2020 - 2022 A.L.A. gaggeeffameen yoo ta'u, yaada olitti dhihaatan hubannoo keessa seensisuuni.

Hojiin dirree maleenyaa *sanyaabaa* (ethnography) jalatti, malleen hub-daawwannaa, af-gaaffii gamisaan caaseffamaa (semi-structured interview) fi marii garee xiyyeeffannoon ragaan akka maddu ta'e. Sanyaabaan akka filatamu kan taasise, amala xiin-beekumsa dachaa baasuu irratti cichuu (Harrison, 2014) isaati. Kana gochuuf, qorannoo aadaa irratti waan jedhameefi mul'aterra darbuun maal jechuu akka ta'e akka dhiheessu kan (Sarantakos, 2013) eere, akkasumas keessaan (emic) hiikuufi dhugaan dachaa (multiple) taasisee ilaaluu isaa kan (Fetterman, 2008) kaaseen tajaajile. Qorannoon kun hubannoo hawaasaa xiinxaluu waan ta'eef, amala *beekumsa xiinxaluu* (knowledge analysis) kan (Sarantakos, 2013) ibseen wal simata. Raga xiinxaluuf mala fooklorii dachaa, caaccuu fooklorii tokkoon caaccuu fooklorii biraa ibsuu akka ta'e (Dundes, 1966) eereen hojiirra oole. Xiinxalli kan eegales, jechi *nagaa* jedhu uumama isaan jecha killayyaa (abstract) ta'uu (Webel & Kaba, 2019) akkuma ibse, dursa dhuftee jecha nagaan irratti ragaa hawaasni qabuun ibsame. Kana jechuun, jechi kun waan hawaasni waliin qabu waan ta'eef, fook-looriidha. Ittifufuun, dhimma nagaan ibsuuf caacculee fooklorii dhihaataniin ibsi itti kennamuun kaayyoon hojii kanaa galma ga'e.

4. Xiinxala: Akkaataa Hawaasni Booranaa Nagaa itti Hubatu

Hubannoo Booranni nagaa irratti qabu sadarkaalee gara garaa lamatti qooduun dhihaatani. Kan duraa, jechi nagaa jedhu madda irraa maaliin wal qabsiisee Booranni akka ibsu durii-durii/seenessa hawaasa keessa jiruun wal qabsiisuun ibsame. Sadarkaan lammataa ammoo, kan jalqabaa bu'uura godhachuun ogafaaniifi duudhaalee Booranni jireenya qabatamaa keessatti calaqqisiisu haala isaan walitti hidhatanii hubannoo nagaa hawaasichaa dabarsanti xiinxalame.

4.1. Yayyaba hubannoo yaadrimee nagaa Booranaa

Hawaasni beekmtaaa ilaalcha addunyaa isaa maal irraa ka'ee akka horate raagamtaa/seenessa ittiin ibsu qaba. Boorannis, jecha nagaa jedhu yoo tajaajilamu, eenyuufi maalitti akka hidhatuuf durii-durii isaan deebii kennuun eegala. Haaluma kanaan, durii-duriin armaan gadii qabiyyeewwan gara garaa keessatti nagaa kan jedhu tajaajilamuun dhimma maalii dhiheessuu akka ta'e dabarsa. Waan hawaasaa waanuma hawaasaan deebisanii ibsuu (fookloorii dachaa) kana keessaan hojjiirra oola.

Durii, namatu wa hinqabu. Gara Waaqaa deddeebi'ee, "Na horsiisi," jedhee gaafata. Waaqi, "Si hinhorsiisu," jedhee deebisa ture jedhani. Guyyaa tokko, isaa worra hinjirre worraan ba'e. Niitii Waaqaan mari'ate... Achiin, "Isaan akkana hinjedhani, nagaa naa kenni, jedhi. Namni nagaa argate waan cufa la argatee, tanuma jedhiin," jettee gorsite. Waaqi deebinaan, "Aabboo Waaqaa, abboo nagaa naa kenni," jedheen... Waaqi, "...Atiin amma yoo akkanumaan nagaa siif kenne, yoo guyyaa cufti siif nagayaa kaattoo maalin baafadha?" jedhee gaafate jedhan. Niitiin Waaqaa, "Isiin dhiba hinqabdu, nagumanni si kadhatu kenniif, gaaf isiinuu geessu, kaattoo geesse afaan wal miliqsanii, kaan hagasuma," jette. "Ee, nagaa sii kennee deemi," jedhe. Nihore jedhani. (Aab Jaarsoo Liiban, 2021)

Durii-duriin kun jecha *nagaa* jedhuuf *seenessa maddaa* yoo ta'uu, haala inni ittiin qindaa'e ammoo amala dayalektik (dialectic) kan (Rescher, 2007) qoode qaba. Hariiroon qaama lama gidduu jiru dabalaafi guddachaa kan deemu, waan irratti wal dhabaniif adeemsi walii galtee (Negotiation) ykn wayi kennanii waa fudhachuun yoo jiraate ta'uu falma. Durii-durii kanaan adeemsi keessa darbamee nagaa kan jedhu irratti walii galame adeemsa kana mul'isa.

- A. Ka'umsa: namni waan ittiin jiraatu Waaqa irraa argataaf 'Na horsiisi' jedhe.
- B. Faallaa: Waaqni 'Si hinhorsiisu' jedhe.
- C. Furmaata: 'Isaan akkana hinjedhani, nagaa naa kenni, jedhi. Namni nagaa argate waan cufa la argatee'.

Yaada furmaataa dhihaateen Waaqni irratti waan walii hingaliiniif falmiin itti fufuun:

- i. Faallaa: '...yoo akkanumaan nagaa siif kenne, yoo guyyaa cufti siif nagayaa kaattoo maalin baafadha?'
- ii. Furmaata: '...kaattoo geesse afaan wal miliqsanii' ejjennoo jedhuun *nagaa* argate.

Jechi *hormaata* jedhu hiika lakkoofsaan ida'uu biqiltuu, horiifi namaa akka ta'e (Megerssa, 1993) kan ibse, sona muraasatti daanga'uu mul'isa. Qabiyyee muraasaafi isaaniyyu lakkoofsaan ida'uu qofti jireenya namaaf ga'aa waan hintaaneef mormiin kan ka'e. haata'umalee, nagaa akka furmaataatti ka'e ammoo nama du'a irraa walaba waan taasisuuf, ammas irratti walii hingalamne. Kana jechuun, dhugaan kaleessa hojjete kan har'aafi egereef akka wabii hintaane mul'ise. Booda, namni nagaa kaattoon daanga'e fudhachuun goolabame. Jecha kaattoo jedhu, "Nam dulloomsuu; nam tokkollee ijjeese kaanit dabruu..." (Aab Jaarsoo) jechuun kan ibse keessatti, dulloomanii du'uu har'aaf ka'umsi walii galtee kana ta'uu mul'ise. Haala kanaan, sonni nagaa dulloomee du'uu namaas waan dabalatuuf, nagaan waan jireenyaaf ta'uu argachuu qofaan hinmurtaa'u jechuudha. Gama biraan, akkuma argannaan sona nagaa

sirriin ibsamu dulloomanii du'uunis sona nagaan sirriin ibsamudha. Kanaafuu, hubannoon kun bakka taateen sirriifi fafeen yaadimee nagaan keessatti dhugaa ta'uun jireenyi itti fufudha.

Hubannoo biraan, jechi *nagaa* jedhu jecha *hormaata* jedhurra daangaa bal'aa kan qabu ta'ee, lamaan garuu jireenya egeree irratti hojjetu. Qabiyyeen nagaan ifatti waan hindhihaanneef, sonoota qabatamoo kana akka hormaataafi killayyaa (abstract) of keessaa akka qabu mul'isa. Sonooni killayyaa raawwii jireenya qabatamaa keessatti kan ba'anii mul'atani. Kanaafuu, jireenya ooranaa keessatti nagaan sonoota akkamii akka of keessaa qabu agarsiisuuf, qabiyyee Booranni wal qabsiisee dhiheessu gaafata. Booranni hawaasa duudhaa isaatti cichee jiraatu waan ta'eef, qabiyyee hubannoo isaa kana ittiin ibsu gara garaa qaba. Haaluma kanaan, mataduree armaan gadiin muuxannoowwan yaadimee *nagaa Booranaa* ibsuuf gargaaran dhihaataniiru.

4.2. Hubannoo nagaan jireenya qabatamaa Booranaa keessatti

Mataduree olitti dhihaate jalatti yayyaba hubannoon nagaan sadarkaa yayyabaatti waan jiru irratti ibsame jireenya qabatamaa Booranaa keessatti haala inni itti hojiirra ooluti ogafaaniifi duudhaa hawaasichaan deeggaruun ibsame. Jecha nagaan jedhu uummata Oromoo biratti kan tajaajilu yoo ta'u, qabiyyee hima gabaabaan ibsuuf rakkisaa ta'an keessaa isa tokkodha. Booranni jecha kana bifa gara garaan yaadimeessuuf yaala. Booranni nagaan aadaa walitti hidhee ibsa. "Nagaan waan aadaa lafaa; waan aadaa roobaati," (Aab Burjii) kan jedhu, waan uumee (cosmic) faana kan wal qabate ta'uu agarsiise. Dubbiin kun eebba Booranni taatewwan gara garaa irratti eebbisuun ifatti mul'atu.

Bokkeenni roobee haraa dambala guute
Nageenni galee moonaa guute
Eleeloon mirgitee okolee guutte
Waaqi nagaan nu guute... (Aab Dullacha Halakee 2020)

Yaadimee nagaan qindaa'ina akkamii keessaa akka ba'u eebba gabaabaa kanaan ibsuuf yaala-meera. Gabaabumatti, taatewwan wal hordofanii raawwachuun jireenyi akka itti fufu gargaaruun isaanii nagaan akka jedhamuufi innis hojii Waaqaa akka ta'etti kaa'e. Kun ammoo dhugeeffannaa Booranaatis. Nagaan jiraachuu waan tokkoo ykn bu'aa qeenxeekan ibsamu utuu hintaane, qaamni hundi shoorra irraa eegamu ba'uu isaati. Kana jechuun, roobni roobuu, kan roobe ammoo haraa danbala guutuu, haraa danbala guute horiin dhuguu, horiin dhuge aannan isaan okolee guutuu kan jedhuun gabaabbatee gama sirriin (positive) nagaan akka itti ibsamuu danda'uti dhihaate. Kun aadaa uumaa-uumamaa, kan hundi akkaataa yayyaba isaan demu ibsa.

Jechi *aadaa* jedhu ibsa dabalataa akka qabu, "Waaqi dhugaa dhalee, aadaa nami dhale. Dhugaan ka an anumaati. Aadaan baasii nami baase," (Aab Borbor, 2020) kan jedhu keessatti kan ibsameen mul'ate. Yaadni Aab Borbor kun ilaalcha addunyaa jiru cuunfee kan kaa'e yoo ta'u, *dhugaa* kan jedhu *waan jiru* (being), waan qabatamaan mul'atuufi miireffatamu hunda bakka bu'a. Aadaan ammoo, kan namni *waan jiru* irratti hundaa'ee akkaataa hubannoo isaan itti fufinsa jireenyaaf qooda isaa ba'uuf qindeeffatedha. Ogafaan hubannoo bal'aa kana gabaabsee kaa'u eebba qorii armaan gadii keessatti kanneen gooroo ta'an dhihaataniiru.

Aab Jaarsoo

Barri nagaya.
Bariin nagaya.
Worri nagaya.
Ollaan nagaya.
Reeri nagaya.
Dheedi nagaya.
Ardaan nagaya.

Gumii

Nagee
“
“
“
“
“
“

Ardaa qubatee yaa'i nagaya.	“
Yaa'aa yuubi nagaya.	“
Raabaa kuusi nagaya.	“
Laduun shanan nagaya.	“
Liiban nagaya.	“
Dirree baddaa sadeen nagaya.	“
Malbe godi sadeen nagaya.	“
Tullaan sallan nagaya.	“
Booqeen abran nagaya.	“
Raadaa jibichi nu nagaya.	“
Ilmaa intaltilleen nu nagaya.	“
Nagayaatti oolee gala, nagayaatti bulee ka'a.	“
Tissaan nagayaan faana gala.	“
Oduun Booran keennaa nagaya.	“
Waaqa gogeessa shananii, fulaa cufat oolchii nagaan nu galchi.	“
Fulaa cufat bulchii nagaan nu kaa'i... (Aab Jaarsoo Liiban 2021)	“

Jechi *nagaa* jedhu irra deddeebiin eebba kana keessatti kan dhihaate yoo ta'u, jechoonni inni waliin qindaa'e waantota jireenya Booranaa keessatti gatii qabanidha. Isaanis, sonoota nagaa (peace values) jedhamu. Isaaniin malee jireenyi itti fufuu kan hindandeenyeefi raawwii guyya-guyyaa keessatti gama hawaasummaan, dinagdeen, nageenyaan (security), dhugeeffannaa/amantiifi kkf tuqamaniiru. Qabiyyeewwan kun haasbarruu 'waan Booranni ittiin fidamu' jedhuun ibsamu. Jechi *fidamuu* jedhu hiika kallattiin *ittiin oogganamuu* kan jedhu qaba. Hubannoon nagaa jireenya qabatamaa keessatti kan ibsamu, hariiroo namni nama akka isaa, uumama kaaniifi Waaqa faana qabu irratti hundaa'eeti. Kana jechuun, kaayyoon nagaa galma ga'uuf namni ga'ee irraa eegamu yoo taphate qofa ta'uu hima. Nagaan waan bilisaan namaa kennamu akka hintaane kan (Debelo & Jirata, 2018) kaasan sadarkaa kanatti dhugaa ta'a. Nagaan killayyaa ta'uun sonoota killayyaa of keessaa qabaachuu isaati. Dhimmi Waaqaan wal qabatu/dhugueeffannaa waan namni ijaan argu ykn qabatamaan miireffatu utuu hintaane, waan namni ofiin raawwachuu hindandeenye yoo isaaf ta'anidha. Taatewwan uumee, kan akka roobaa fakkeenya kanaa yoo ta'an, itti fufinsa jireenya isaaf hariiroo namni Waaqa faana qabuun argama ykn dhabama. Waan namni jabeeffachuun nagaa waarawaa taasifatu waan Waaqaa kanaan eegalee namaafi uumama kaan faana qabu irratti hojjeta.

Adeemsa nagaa wal gaafannaa keessattis sonoonni nagaa amala gara garaan calaqqisu. Sonoonni hurrubbii kana keessatti mul'atan yoomessaan kan murtaa'an ta'ee, akka fakkeenyaatti kan armaan gadii dhihaataniiru.

A. Nagaa wal gaafannaa yoomessa hinfilanne:

Gurri biyyaa nagayaa?
 Bultiin nagayaa?
 Horiin nagayaa?
 Warri nagayaa?
 Waan qabdan cufaan nagaa qabduu?
 Babaara fayyaa, yooyyaa?...

B. Nagaa wal gaafannaa yeroo gannaa:

Waaqi isinii roobee?
 Bokkaa akkamti roobe?
 Bisaan lafa isinii kaa'ee?
 Oroma sinii naqee?...

C. Nagaa wal gaafannaa yeroo bonaa:

Bonaa daadoo?
 Bonaan wal gul yaatuu?

Bonaa-horiin wal gul yaa'aa?... (Daawwannaa (2020) fi afgaaffii (2020-2022) keessaa kan fudhatamani)

Nagaa wal gaafannaan haala naannoon kaan itti jiru (gaariis ta'e badaa) wal odeeffachuudha. Kun, ulaagaa jalqabaa *Boorantittiin* ittiin calaqqisudha. Boorantittiin walii gammaduuf ykn wal bira dhaabbachuuf oola. Booranaaf nagaa wal gaafachuu diduu jechuun ulaagaa kana keessaa wal baasuu waan ta'eef nibalaaleffatama. Haala itti balaaleffatan keessaa Gumii Gaayoo 2020 irratti maanguddoo gosaa marii gaaddisa jiru, "Gosa, Babaaroo?" jedhee deebii dhabee, "Gosa, nagaa hindidiinaa," jedheen, nagaa wal iyyaafannaan *nagaa* kan jedhu akka bakka bu'uti calaqqise. Jecha lammataa hordofuun, "Ee... baara, sin baara? ..." jechuun deebisan ammoo, jechi *nagaa* jedhu jecha ulfoo, kan hawaasni safeeffatu ta'uu mirkaneesse. Wal iyyaafannaa keessaani aadaa *buusaa-gonofaa* akkasumas, "...itti godaanuuf/kan gar isaanii godaanuuf jiran eeguuf/qophaa'uuf," (Ab Jaarsoo Liiban) jechuun ibse kan ittiin hojjiirra oolanidha. Itti fufinsi jireenyaa ofiin caalaa waliin kan jedhu barbaada.

Qabiyyee Booranni nagaa ittiin ibsu, "Nagaan wal-dhageettiidha," kan jedhu, gaaddisa Gumii Gaayootti irra deddeebi'ee kan ka'udha. Wal-dhageettaan kan tokko dubbatu kaan caqasuu; yoo kaan dubbatus kaanis caqasuun duudhaa jireenyi akka itti fufu taasifamudha. Duudhaan kun jireenya hawaasaa keessaatti akka hariiroon hincabne eeguufi hariiroo cabe deebisuu irratti waan hojjetuuf shoora olaanaa taphata. Horachuun, tikfachuun, obaa dhaqachuun, bulanii ka'uufi gumii karachuunuu yoo wal dhageettaan jiraate ta'uu jaarroleen kaasuu. Hanqina duudhaa kanaan wal qabatee dhufu, "Worri wal-dhageettaa hinqabne wal balleessa," (Aab Borbor) jechuun ibse. Wal-dhageettaan marii, gorsa, dheekkamsaafi qajeelcha of keessaa qabu ta'ee sadarkaalee caasaa hawaasa Booranaa hunda keessatti si'aayinaan hojjiirra oola. Yaadrimee yaada bilchaataafi jabaa maddisiisuun jireenyi akka itti fufu waan tumsuuf nagaan ittiin ibsama.

Booranni dhimmi jireenya namaa irratti, "Waaqati nam ijjeesa; Waaqati nam jireessa," (Aab Borbor 2020) dhugeeffannaa jedhuun akka oogganamu hima. Kanaanis, aboon hundi kan Waaqaa ta'uu ittiin mirkaneeffata. Garaa garummaa ganna kudhanii keessatti qooda namni ba'u ibsuu keessatti, namni ega ganna 90 seenee 'kuunnoo afaan boollaa fuudhe' jedhamee ibsama. Namoota ganna akkanaaf wanni hafe du'a qofa jechuu yoo ta'u, kallattiin hubannoo kaattoo qabaachuu agarsiisa. Walumaagalatti, waanti jireenya keessatti akkaataa aadaan raawwatu yaadrimee nagaatti kan hidhate waan ta'eef, *nagaa* kan jedhu *muummee* hubannoo Booranaati. Kun ammoo, 'dominant symbols' (Turner, 1967); 'key symbols' (Ortner, 1973); 'core symbols' (Schneider, 1980) jechuun, raawwileen hawaasaa muummee ittiin bakka bu'an qabaachuu eeraniin wal fakkaata. Ibsi nagaas, itti fufinsa yayyaba uumamaa ykn wal simannaa *dhugaa* Waaqaafi *aadaa* namni dhalee ta'a malee sona qeenxeen/fafeen kan ibsamu akka hintaane qorannoon kun kan mul'ise. Booranni hubannoo kanadha *Nagaa Booranaa* kan jedhu.

5. Goolaba

Ibsaafi yaadrimee nagaa ogeeyyii walitti fidu kaa'uu irratti hanqinni akka jiruufi adeemsa sirriin akka hindhihaanne falmiiwwan ka'aniin ifatti ibsameera. Hojii kanaan ibsa waalta'aa dhiheessuun akka irratti walii galamu utuu hintaane, adeemsa hordofamee yaadni walitti dhihaatu kan gargaaru ka'eera. Booranni yaadrimee nagaa isaa *nagaa Booranaa* jedhee cuunfee kan ibsu yoo ta'u, gaaleen kun nagaatti dhalatani, nagaan jiraatanii nagaan du'uu bakka bu'a. Nagaatti dahalachuun uumama duraa faana kan wal qabatu yoo ta'u, namni waan ittiin jiraatu Waaqa irraa fudhate malee ofiin kan uume kan hinqabne ta'uu ibsa. Nagaan jiraachuun ammoo, bakka namni qooda isaa taphatudha. Qoodni kunis, waan itti dhalate jabeeffachuu yoo ta'u, hariiroo Waaqa, nama akka isaafi uumama kaan faana jiru akkaataa yayyaba isaaniin akka itti fufan kan taasisudha. Sadarkaa kanatti nagaan hookkarsaan wal qabatee kan ibsamuu danda'u yoo ta'u, innis namni yayyaba uumamaa utuu hincabsine jiraachuudha. Nagaan

jiraachuun yaadrimee wal xaxaa kan of keessaa qabuufi jiraachuun isaa kan mirkanaa'u amala namaa irratti hundaa'a. Sonni xumuraa nagaan Booranaa kaattoo/du'a yoo ta'u, taatee fafee garuu itti fufinsa jireenyaa keessatti Booranni sirrii ta'uu dhugeeffatedha. Walumaagalatti, nagaan sona danuu yayyaba uumamaatii hanga hojiirra oolmaa isaatti kan hammatu malee sona qeenxee/muraasa qofaan waaltessuuf yaaluun hiika guutuu hindabarsu. Kanaafuu, dhimma nagaan wal qabatee ibsaafi yaadrimee waalta'aatti dhufuuf jireenya qabatamaa hawaasaa irratti xiyyeeffachuun furmaata akka ta'e yaada hojii kanaati.

Galata

Hojiin kun qorannoo guutuu PhD keessaa kan fudhatame yoo ta'u, guutummaa hojichaa keessatti gorsaan qooda olaanaa taphachaa kan ture, garuu yeroo barruun kun qindaa'etti hanqina yeroo irraa kan ka'e hirmaachuu kan dadhabe Assabee Raggaasaa (PhD, Associate Professor) gudda galateeffanna. Akkasumas, Dr. Abbabee Lammeessaa hajii kana gulaaluuniifi Ahmmed Daddoo axereeraa gara afaan Ingiliziitti jijjiiruun ga'ee isaanii kan ba'anis galatoomaa jenna. Xumura irratti, namoota ragaan irraa maddeefi kallattiin hojii qorannoo kanaaf bifa gara garaan gumaachitan hundi galatoomaa.

Wabiilee

- Aguilar, I. M. (2008). The nagaan boorana: contemporary discussions on ritual and political diversity. *Journal of Oromo Studies*, 15(1) 181-202.
- Anderson, R. (2004). A definition of peace. *Peace and Conflict: Journal of Peace Psychology*, 10(2), 101-116.
- Bassi, M. (2005). *Decisions in the shade: political and juridical processes among the Oromo-Borana*. Cynthia Slvadori (translator). The Red Sea Press. Asmara, Eritrea.
- Baxter, P. T. W. (1965). Repetition in certain Boran ceremonies. In M. Fortes and G. Dieterlen (Eds.), *African systems of thought* (pp. 64-78). London: OUP for I.A.I.
- Baxter, P.T.W. (1978). Boran age-sets and generation-sets: gada, a puzzle or a maze? In P.T.W. Baxter & U. Almagor (Eds.), *Age, generation and time: some features of east African age organizations*, pp: 151-182.
- Baxter, P.T.W. (1979). Boran age-sets and warfare. *Senri ethnological studies*, V. 3, No. 30, pp. 69-95.
- Bulcha, M. (2011). *Contours of the emergent and ancient Oromo nation: dilemmas in the Ethiopian politics of state and nation-building*. The Centre for Advanced Studies of African Society. Cape Town, South Africa.
- Chowdhury, K. A. (2014). Foreword. In J. M. Fritz (Edt.), *Moving toward a just peace: the mediation continuum* (pp. vii-ix). Springer Dordrecht Heidelberg.
- Debelo, A. R. & Jirata, T. J. (2018). Peace is not a free gift: indigenous conceptions of peace among the guji-oromo in southern Ethiopia. *Northeast African Studies*, 12(1-2) 201-230.
- Dewo, T. (2008). The Concept of peace in the Oromo gada system: its mechanisms and moral dimensions. *Journal of Oromo Studies*, 15(1) 139-179.
- Dundes, A. (1966). Metafolklore and oral literary criticism. *The monist*, 50(4) 505-516.
- Fetterman, D. M. (2008). Emic/Etic distinction. In L. M. Given (Ed.) *The Sage encyclopedia of qualitative research methods* (pp. 249). V, 1 & 2. SAGE Publications, Inc.
- Galtung, J. (1964). An editorial source. *Journal of peace research*, 1(1) 1-4.
- Galtung, J. (1981). Social cosmology and the concept of peace. *Journal of peace research*, 18(2), 183-199.

- Gobessa, H. D. (2020). *Ayyaantuu: an indigenous Borana weather forecasting system*. Eclipse Printing and Graphics Design PLC.
- Harrison, A. K. (2014). Ethnography. In P. Leavy (Ed.), *The oxford handbook of qualitative research* (pp. 223-253). Oxford University Press.
- Jarstad, A., Eklund, N., Johansson, P., Olivius, E., Saati, A., Sahovic, D., ... & Åkebo, M. (2019). *Three approaches to peace: A framework for describing and exploring varieties of peace*. <file:///C:/Users/Admin/Downloads/Three%20Approaches%20to%20Peace.pdf>
- Legesse, A. (1973). *Gada: Three approaches to the study of African society*. New York: the free press.
- Legesse, A. (2000). *Oromo democracy*. New Jersey: Red Sea press.
- Matsuo, M. (2007). Concept of peace in peace studies: A short historical sketch. *Peace studies and peace discourse in education*, Pp. 13-26.
- Mbiti, S. J. (1970). *African religions and philosophy*. Anchor Books. Doubleday & Company, Inc. Garden City, New York, USA.
- Megerssa, G. & Kassam, A. (2019). *Sacred knowledge traditions of the Oromo of the horn of Africa*. Artist Printing Enterprise, Ethiopia.
- Megerssa, G. (1993). *Knowledge, identity and the colonizing structure: the case of the Oromo of east and northeast Africa*. Revised version of an unpublished Ph.D. Dissertation, London: University of London, School of Oriental and African Studies.
- Nagawo, A. D. (2015). *Justice that heals and restores: the potential of embracing Borana Oromo indigenous justice system alongside the Ethiopian formal criminal justice system*. AAU, PhD dissertation, unpublished.
- Nagawo, A. D. (2017). Beyond the individualization of punishment: reflections on the Borana Oromo's Collective Criminal Responsibility. *Haramaya Law Review*. 6(1) 29-42.
- Neuman, W. L. (2007). *Basics of social research: qualitative and quantitative approach* (2nd ed.). Pearson Education, Inc.
- Oba-Smidt, C. (2012). The Menelik conquest from the perspective of the Boorana. *ITYOPIS*, V. 2, 41-51.
- Ortner, B. S. (1973). On key symbols. *American Anthropologist, New Series*, 75(5) 1338-1346. <https://www.jstor.org/stable/674036>
- Raaflaub, A. K. (2007). Introduction: Searching for peace in the ancient world. In K. A. Raaflaub (Ed.), *War and Peace in the Ancient World* (pp. 1-33). Blackwell Publishing Ltd.
- Sarantakos, S. (2013). *Social research* (4th ed.). Palgrave Macmillan.
- Schneider, M. D. (1980). *American kinship: a cultural account* (2nd ed.). The University of Chicago Press, Chicago and London.
- Scholten, G. M. (2020). *Visions of peace of professional peace workers: the peaces we build. Rethinking peace and conflict studies*. Palgrave, Macmillan.
- Selingman, C. G. (1957). *Races of Africa* (3rd ed.). London, Oxford University Press.
- Silverman, D. & Marvasti, A. (2008). *Doing qualitative research: A comprehensive guide*. SAGE Publications.
- Smoker, P. (1981). Small peace. *Journal of Peace Research*, XVIII(2) 149-157.
- Ta'a, T. (2016). The gadaa system and some of its institutions among the Booranaa: A Historical Perspective. *EJOSSAH*, XII(2) 81-97.
- Tolesa, A. (1994). Oromo literature, geerarsa, and the liberation struggle. *The Journal of Oromo Studies*, 1(2) 59-65.
- Turner, V. (1967). *The forest of symbols: aspects of Ndembu ritual*. Cornell University Press, Ithaca and London.
- Verharen, C. (2008). Comparing Oromo and ancient Egyptian philosophy. *Journal of Oromo Studies*, 15(2) 1-31.

Webel, C. & Kaba, M. (2019). Definitions of peace in the modern era since 1920. In, *A Cultural History of peace in the Modern Age* (pp. 21-40). Bloomsbury Publishing.